


Macaafa Qulqulluu Daa' immaniif Dhihaate

Yeroo Waaqayyo
wantoota hundumaa
itti hojjete



Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Byron Unger; Lazarus
Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Bob Davies; Tammy S.

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2020 Bible for Children, Inc.


Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee
Maxxansiifacuu ni dandeessu.



Eenyutu nu uumee? Macaafni Qulqulluun, Sagaleen
Waaqayyoo, akkamittin akka qacceen dhala namaa
akka itti jalqabe nutti ni hima. Bara dheeraa dura,
Waaqayyo nama jalqaba duraa Addaam
jedhamu ni uume.



Waaqayyo biyyoo lafarraatii Addaamiin uume ture.
Waaqayyo yommuu jireenya Addaamitti baafatee
turetti, inni lubbuu ni godhate. Inni ofii isaa iddoo
baay'ee bareedu Edanitti of ni arge.




Waaqayyo Addaam uumuu isaatiin dura, Inni
Biyya lafaa bareedaa isa wantoota dingii ta'aniin
guute ni uume. Sadarkaa sadarkaadhaan Waaqayyo
iddoowwan ol ka'an fi iddoowwan mukkeen fi
marga hin qabne callabbaa'oo,



abaaboowwan bibittinnaa'ani
biqilonii fi mukeen
dhedheeroo, ...


... sinbirroota laboobbaa babbarreedoo
qabaniifi kanniisota xiixan, shaarkii laga daaku
fi munyuuqqataa lafarra munyuuqu ni uume,
dhugumatti wanti Waaqayyo achitti uume
hundii waanuma hunda ture.



Jalqaba hundaa dura, Waaqayyo waan hundaa
uumuu isaatiin dura Waqqayyo
malee wanti jiru hin jiru ture.

Namoonni ykn wantoonni ykn
iddoowan tokkollee hin
jiran turan. Homtu
hin jiru ture. Ifnii fi
dukkanni tokkollee hin
jiru ture. Ol ka'uufi gad
bu'uun tokkollee hin jiru
ture. Kaleessis ta'ee bor
wanti jedhamu hin jiru ture.


Waaqayyo isa jalqaba hin qabne qofaatu jira ture.
Sana booda Waaqayyo hojii isaa ni hojjete!




Jalaqabarratti, Waaqayyo
bantiiwan Waqaaf
lafaa ni uume.




Lafftiis immoo bifa hin
qabdu ture. Dukkannis
gadifageenyaan
ni jira ture.
Sana booda
Waaqayyo
dubbatee
“Ifni
haa
ta’u”
jedhe.



Sana booda ifni ni ta'e, Waaqayyo ifichaan Guyyaa
jedhee, dukkanichaan Halkan jedhee ni moggaase,
galgallis ta'e, ganamnis ta'e; kun guyyaa
tokkoffaadha.



Guyyaa lammaffaatti, Waaqayyo bishaan galaanaa
garbaa ni uume. Guyyaa sadaffaatti, Waaqayyo
laftii goggogaan haa ta'u jedhee ni abboome.
Innis ni ta'e.



Waaqayyo dabalataanis margaa fi ililliiwan
akkasumas mukkeen gaggabaaboo akka
ta'an ni abboome. Isaanis ni ta'an.
Halkanis ta'ee, ganamnis
ni ta'e, guyyaan
sadaffaan akkasiin
ta'e.



Sana booda Waaqayyo biiftuu,
ji'a (Addeessa), akkasumas
urjiiwan danuu kanneen
eenyuyyuu isaan lakkad'uu hin
dandeenye ni uume. Galgallis
ta'ee ganamnis ta'e kun
guyyaa arfaffaadha.



Uumamoonni galaanaafi
qurxummiinfi allaattiawan
tarreeffama Waaqayyoo keessa
jiru turan. Guyyaa shanaffatti
qurxumiawan gudguddoo fii
qurxummiawaan shishiiffee ni
uume, guchii miilla dhedheeraa
fi sinbirroowan xixiwqqoo
nama gamachisan ni uume.

Waaqayyo bishaan lafarraa akka
guutaniif qurxuummiawaan,
akkasumas lafa galaanaa fi
saamii fi sinbiroota ni uume.

Halkaniis ta'ee ganamnis ni ta'e
ini kunis guyyaa shanaffaadha.



Sana booda Waaqayyo deebisee ni dubbate.

Innis "Lafti uumama lubbuu qabeeyyii haagodhatan" ni jedhe. Bineesонни bifa kamiyyuu fi ilbisonni fi bineensonni lafarra munyuuqan ni uumaman. Arboota lafa sochoosan danuu fi bineensa bishaan keessa jiraatan ni ta'an jaldeessotaa fi qamaleewan gowwoomsotoonni fi naachonni sodaachisaan ni uumaman.



Raammoowwan lafarra asiif achii marmaaran fi bineensonni xixiqqoon lafarra deddeeman ilmoolee adurreewwanii sagalee namatti tolu baasan ni uume. Bineensi bifaa kamiyyuu guyyaa sanatti Waaqayyoona ni uumaman.


Halkanis ta'e ganamniis ni ta'e, inni kunis guyyaa ja'affaa ture.



Waaqayyo guyyaa jahaffaa irratti wanta gara biraa ni uume- Wanta baay'ee adda ta'e tokko. Wantii hundiinuu yeroo kana ilma namaatiif kan qophaa'e ture. Nyaannii lafa guutee ture. Akkasumas

immoo kan isaaf hojjetan bineensonni ni jiru. Waaqayyos "Kottaa! Akka bif a keenyaattis nama ni uumna. Innis wanta lafarra jiru hundumaattuu mootummaa haa qabaatu."

**KANAAF WAAQAYYO
AKKA FAKKEENYA
ISAATTI NAMA
NI UUME ...**



Waaqayyo Addaamiin
"Wanta nyaachuu
barbaaddu iddo
qannootii nyaadhu.
Garuu immoo muka
gaariif hamaa akka
beekan taasisu irraa
hin nyaatin. Muka
sanarraa ni nuttaa
yoo ta'ee dhugumaan
ni duuta" ittiin jedhe.



Sana booda Waaqayyo Gooftaan,
"Namni kophaa ta'uun isaa gaarii miti. Kan isa
gargaaru isa barbaachisa." Waaqayyo sinbirrootaa
fi bineensota sodachiisan Addaamiif
ni uume. Addaamis hunduma
isaaniitiifuu maqaa ni moggaase.
Inni wanta akkasii kana gochuuf
baay'ee cimaa ture. Garuu imoo
allaattiiwwan/simbirroota



sanaafi bineensota
sana keessaa kan
Addaamiif gaarii
hin turree ni jiru turan.



Waaqayyo Addaamitti hirriiba baay'ee guddaa ta'e
tokko itti buuse. Lafee cinaacha nama rafaa jiruu
kanaa irraa fotoqsuudhaan. Waaqayyo
lafee cinaachaa Addaam
irraa Dubartii ni uume.
Dubartiin Waaqayyo
uume Addaamiif kan
sirrumatti michuu
taatuuf turte.



Waaqayyo guyyaa jaha keessatti waan hundumaa ni uume. Sana booda Waaqayyo guyyaa torbaffaa eebbisee guyyaa boqonnaa ni taasise. Iddoo qanno Edan keessatti, Addaam fi niitiin isaa Hewaan muudaa tokko malee gammachuudhaan Waaqayyoof abboomamaa turan. Waaqayyo Gooftaa isaanii, wanta isaan barbaachisu hundumaa kan isaaniif

qopheessuufi hiriyaanisaanii ture.



Yeroo Waaqayyo wantoota
hundumaa itti hojjete

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Seera uumamaa 1-2

"Saaqamuun dubpii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130





Xumurameera



Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya
Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni
beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata,
kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf
Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus
gara jireenyaatti deebi'ee gara iddo jireenya Isaa gara Waaqaa ni
deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa
gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata,
akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin:
Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee
akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta.
Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan
jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf
jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi.
Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf
na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo
wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16

